

# MULTICULTURAL AUSTRALIA

United, Strong, Successful

— Australia's *multicultural* statement —

***Aad-danuu Australia – tokooma, jabeenya, milkahinsi ibsa  
ummataa Mootummaan cichomina aad-danuu Australiyaaf  
waggoota as deemaniif akka adda duree fi kallattii  
tarsimootti qabuu dha.***

## Ibsa gabaabaa

Mummicha Ministeera Australia

Addunyaa irratti Australia hawaasa aad-danummaadhaan milkaawan keessaa tokko.

Nutis akkuma Australiyana Jalgabaa (Indigenous Australians), aadaa dur-durii dhala namaa lafa kana irraa waggoota 50,000 caalaaf biyya kana kunuunsinee dha.

Nutis dhaloota haaraa guddataa jiru kan bobbaa haadha kolu galtootaa keessa jirru addunyaa kana irraa saboota, amantii hunda irraa, qomoo hunda irraa walitti dhufuu dandeenyee dha.

Australian biyya koolu-galtootaa ti. Irra guddeessi ummata keenya yeroo ammaa takkaahuu biyya alaatti dhalatan yoken yoo xiqaate warra isaanii keessaa tokko biyya alaatti dhalatan.

Nuti aadaa, hunda, qomoo hunda, amantii hunda saba hunda irraa dhufna.

Kan nuti ittiin of ibsinu qomoo, amantii yoken aadaa osoo hin taanee bilisummaa, demokirasii olaantummaa seeraa fi hiree wal qixaaf – qajeelummaa ('fair go') dhaaf gati-qabeessa tahe (values) waliin qooddachuudhaan.

Hapheen walitti nu qabee jirus wal kabajaa tokkoon tokkoo keenya kabajaa wal fakkaataa qabachuuf mirga qabaachuu keenya, ulfina fi hiree wal fakkaataa qabaachuu danda'uu keenyaani.

Nageenya biyyaa – Furmaatni murannoo saba keenya, ummata keenya fi gat-qabeenyi (values) bu'ura bilisummaa keenya irratti hundeessamee fi jabeessamee dha.

Yeroo itti jeequmsi addunyaa irraa guddataa fi abdiin of-duree dhibamaa jiru keessa Australiyaan fakkeenya biyya waliif nagaa, tokkooma fi wal-fudhataa adda addummaa jiru raajefachiisee dha.

Ibsi keenya Aad-danummaa Australia: Tokooma, Jabaa, Milkaawaa (*Multicultural Australia: United, Strong, Successful*) jedhu kan mootummaan Australiyaa sanyi balfatutummaa fi qoodumsaan bakka hin qabne, kana ad-danummaa Australiyaa ammas haareessuu fi dhugoomsuuf cichomina qabu mul'isuu dha.

Australyanota hundaaf Aad-danummaan Australiyaa: Tokooma, Jabaa, Milkaawaa tahuu ibsa Kanaan naan ajaja.



The Hon Malcolm Turnbull MP

Mummicha Ministeera Australia

# **Dhaamsa gamtaa Ministeera Tajaajila hawaasummaa (Minister for Social Services) fi Gargaaraa Ministeera Tajaajila hawaasummaa fi Dhimma Aad-danummaa (Assistant Minister for Social Services and Multicultural Affairs).**

Australiyaanotni hundi hawaasa jabaa fi aad-danummaadhaan milkaawan tahuutti boonuu danda'uu qaban. Seenaan Australiyaa baroota dheeraa dura Australiyaanota Aboriginal and Torres Strait Islander irraa eegalee dagaagina dhaabbileen British hundeessamuu waliin ummatoota dachee fagoo fi bal'aa irraa itti fufe.

Bilisummaa fi nageenyi har'a itti qanani'aa jirru akka tasaatti hin dhufne. Mootummoontni darabee bakka wal bu'an mul'ata hawaasa keenyaaf qaban, kan adda addummaa keenya raajeffachisise fi kan saba eenyummaa addaa fi barbaachisummaa wal fudhatiinsaa fi ummata tokkoome tahuu gadi jabeessee dha.

Bara ummata baay'een babal'ina shororceessummaa fi leellistootaa irraa kan ka'e sodaan qaban guddate keessatti cichoomina demokirasii, hiree, fi gati-qabeessauma waliin qoddannu (shared values) dhugoomsuu kan caalu hin jiru. .

Mootummaan Australiyaa nageenya saba keenyaaf fi bilisummaa ummata keenyaaf cichoomina qaba. Ibsa keenya keessatti: Aad-danummaa Australiyaa: Tokkoom, Jabaa, Milkaawaa gati-qabeessa mootummaan milkhaaina yeroo dabree fi kan fuul-duree fi utubee jirruu dha.

Ibsi kun adda addummaan aadaa keenyaaf jabina keenya isa ol aanaa keessaa isa tokko tahuu, kan hundi keenya egeree ittiin ijaarrachuuf of hidhachiisnu, kan hundi keessatti hirmaatu, jirenya gaarii keessa jiraachuuf carraa itti qabu tahuu ni fudhata. Dhaabbileen demokiraasiif kan gidduu-galeessummaa keessatti qabaatan fi ol-aantummaan seeraa keessa jiru, eenyummaa sabummaa keessatti kan barbaachisummaan lamummaa kan keessatti mul'atuu fi gaaftamummaa Australiyaanota akka keenyaaf kabajaa qabaachuufii qabnu ifa godha.

Ibsi kun hundee nuti hawaasa aad-danuu irratti caalaatti ijaarrachuu dandeenyu fi nuffii malee hordoffii bilisummaa fi demokirasiif godhamuuf Australiyaanota hunda waliin hojjachuuf of-dura kan nu ilaalchisuu fi deemsisuu dha.



**Kabajaa Christian Porter MP**  
Ministera Tajaajila Hawaasaa



**Senatara Kabajaa Zed Seselja**  
Gargaaraa Ministera Tajaajila Hawaasaa fi Dhimma Aad-danuu

## **Aad-danummaa Australia: Tokooma, Jabaa, Milkaawaa**

### **Seenaa keenya waliin qooddanne**

Australiyaan addunyaa kana keessaa hawaasa aad-danummaadhaan milkaawe keessaa aadaa adda addaa, muuxannoo, amantaa fi dur-durii (tradition) qabaachuudhaan isa ol-aanaa dha. Mo'insa keenya kanas akka gumaacha sabni keenya keessatti hirmaate dhaloota adda addaa 300 caalan Australiyaanota jalqabaa irraa eegalee hanga kanneen dhiheenyu dhufaniitti qooda keessaa qabanii dha.

Aadaa adda addaa qabaachuu keenyaan, gati-qabeessummaa fi cichoomina bilisummaa, nageenya fi kabajaaf nuti qabnu fiixa-bahiinsa kana keessaa qooda qabaachuutti ni galateeffanna.

Biyyi keenya aadaa dandamatnaa hedduu turaa addunyaa keessaa tokko kan tahe kan Aboriginotaa fi Torres Strait Islander (Aboriginal and Torres Strait Islander) tiksamee har'a gahee fi ummata miliyonotaan jirenya haaraa kana jiraachuuf filataniin kan duroomee dha.

Waggoota 50,000 oliif Australyanotni jalqabaa kan nuti har'a Australia jedhnee yaamnu kana keessa jiraataa, barataa, madaqaa fi dandamataa dachee kana irra jiraataa turan. Wal cina jiraachaa afaanota adda addaa kan aadaa, amantaa fi loqoda garaa garaa qaban afaanota adda addaa 250 ol tahu qabaataa turan. Dhalootni saba kanaa aadaa addunyaa kana irraa dandamate fi seenaa fi bakka hubannoo namoota kaanii ol tahe turaa tahuu kana ibsuu dha.

Seenaan kun bu'uressaamuu Australiyaa hammayee (modern Australia), qubachuu British fi Irish, hundeessamuu dimokiraatummaa Parliyamantummaa keenya, kan dhabbilee fi seeraatiin kan itti fufee dha. Yeroo dheerina keessas seenaan keenya guddatee ummata miliyonotaan lakkaayaman kan Australia mana godhatanii keessa jiraataa jiran dabalatee jira.

Har'a, Australian kanneen as godaanan qaama haawaasa bilisaa fi nama marfataa kanaa tahanii jirenya isaanii akka ijaarratan fi biyya keenyaaf gumaachuu keessatti akka hirmaatan Australyanotni ni simatan.

Yeroo dheerina keessa walitti dhufeenyi ummatoota hedduu keenya kun akka hunde qabeessa waliin taanu, jirenyi hawaasa keenya wayyaahu, muuxannoon aadaa keenya jiraatu, hireen nuti waliin qabnu dagaaguu fi, hundaan olitti ammo akkataa itti nuti addunyaa kaan itti ilaalluu fi wal fudhannu kan bal'ise dha.

Saba kam irraa iyyuu haa tahuu dirqama waloo walii keenya, mootummaa, hawaasaa fi nam-tokkee (dhuunfaa) gidduutti qabaachuun tasgabbummaa (resilience) fi wal fudhatiinsa (belonging) keenya jabeessa.

Gati-qabeessummaa (values), mirgootaa fi gaafatamummaa waliin hirmaatneen Australia ammayee fi badhaate har'aa kana waliin ijaarrachuu dandeeny'e.

## **Gati-qabeessummaa waliin hirmaatne (shared values)**

Gati-qabeessummaan keenya nu tokkeessee walitti dhufeenyaa gamtoomaa nu gidduu jiru uuma. Hawaasa keenyaa fi waan egereef wal gidduudhaa waliin hirmaatnu, kan hundumtuu keessatti of argu (belongs) bu'ura nuuf buusa. Gati-qabessummaan keenya kan inni irratti hundeessame:

### **KABAJAA**

Ol-aantummaa seeraa fi amanamummaa Australiyaaf qabnu ni kabajna, itti cichinas.  
Bilisummaa fi ulfina namoota hundaaf kabajaa ni qabna.  
Adda addummaa keenyatti gatii kenna, wal kabajaa, wal fudhatiinsa, qajeelummaa fi waliif obsa keenya ni raajeffanna.

### **WAL-QIXXUMMAA**

Wal-qixxooma dhiiraa fi dhalaa ni deggerra.  
Seera duratti hundi wal-qixa tahuuttini amanna.  
Hundaaf hireen wal-qixa tahuutti amanna

### **BILISUMMAA (FREEDOM)**

Cichoominni (commitment) keenya bilisummaaf bu'ura  
Bilisummaa yaada kennachuu, dubbachuu, kan amantii, gurmaawuu fi ijaaramuu ni tumsina.  
Parliyamentummaa dimokirasiif ni cichina  
Dirqama akka ummataatti nu irra jiru (civic duties) keenya fiixaan baasuuf gaafatamummaa ni fudhatna.

Dalagaa fi amalli gati-qabeessummaa (values) keenya xiqqeessu Australiyaa keessatti bakka hin qabaatu.

Nuti hundi guddina dinagdee biyya keenyaa, aadaa fi amantii bilisaa fi adda addummaa keenya irraa ni fayyadamna. Gati-qabeessummaa waloo (common values) keenyaaf cichoominha jabaa qabaachuun keenya faayidaa gaarii kan ummata Australiyaa hundaa ti.

### **Mirga fi dirqama qooddachuu**

Barbaachisummaa wal kabajaa fi gaafatamummaa waliinii qabnutti ilaalcha gahaan kennina. Milkaawinsi haawaasa keenya aad-danuu sababa mirjii fi dirqamni keenya wal madaalee, hawaasa tasgabaawaa, kan nama hundaaf hiree itti gumaachu fi

keessaas fayyadamuu wal qixa kenne hawaasa tasgabbaawaa, obsaa fi wal mararfataa qabaachuu keenya irraa ti.

Hawaasummaan keenya aadaa turaa dimokiratummaa bilisaa, kan mirgi bu'uraa tokkoo tokkoo namaa akka dhuunfaatti keessatti hin sarbamne irratti hundeessame.

Lammummaan kennaa, kan akka qaama Kabajanna Lammummaa Australiyaatti dhaan kennamu, namootni haaraatti lammummaa fudhatan kan waadaa, 'amanamummaa Australiyaatii fi ummata isheetiif, kan amantii dimokirasiitti nan amanaa, waliin mirgaa fi bilisummaatti nan amana, ol-aantummaa seeraa olin qaba, nan kabajas' jechuudhaan kakachuu fi waadaa seenuudhaan ibsachuudhaan taha.

Australiyanoottaa irraa kan akkaan eegamus namni kam iyyuu biyya keenya keessaa, lammii Australiyaas tahan yokan tahuus dhaban, seera Australiyaa kabajuu, deeminsa dimokirasii keenya deggeruu, fi namoota hundaaf kabajaa fi ulfina akka qabaatu irraa eegama.

### **Australiyaa nagaa (safe) fi nageenya (secure) qabu**

Hundeen (utubaan) adda addummaa fi wal mararfati keenya akka Australiyaatti qabnu nageenya ummata keenyaatiin. Mootummaan Australiyaa nagaa fi nageenya Australyaanota hundaaf bakka addaa ol-aanaa kennaaf. Haleellaan shororkeessitootaa dhiheenya naannoo Australiyaatti gaggeessame yaaddoo hawaasni Australiyaa qabu akka dhugoomu godhchaa jira.

Mootummaanis ittisa shororkeessummaa (counter-terrorism) kanatti gumaachuu, tika daangaa jabaa, fi nageenya biyyaa cimsuudhaan soda kanaaf deebii kennaa jira. Kunis akka Australyaan hawaasa banaa (open), hunda hammataa, bilisaa, fi nagaa qabaachuu dhugoomsattu gargaaree jira.

Haala soda kanaa keessattis, haa tahu malee, gati-qabeessummaa waliin qooddataa jirruu fi tokkummaa saba keenya irratti jaarsummaa hin teenyu. Mootummaan nageenya hawaasa keenya gadi jabeessuudhaan wanneen nu tokkoomsuu fi wanneen garaagarummaa keenya kan wal kabajaa irratti qabnu ibsu ni dhugoomsa.

### **Mul'ata egeree waliin hirmaachuu**

Australyaan ummata keenya fi dhaabbilee dimokirataawaa fi gati-qabeessummaaf cichomina waliin qooddataniin kan tokkoomanii dha. Hawaasni keenya nagaa qabeessa (safe), wal qabataa fi wal mararfataa tahee akka itti fufuuf wal fudhatnaa fi wal hubannaan akka babal'atu jaijabeessina.

Ibsa kana keessatti, Mootummaan kaayyoo wal kabajaa babal'isuu fi jibbiinsa qomoo (racial hatred) fi qoodumsaa hawaasa Australiyaa waliin hin deemne ni balaaleffata.

Imaammatoota fi sagantaalee Mootummaa kan hawaasa danuu waliin fi dalagaalee of-kennitoota tolaa (volunteer activities), ni raajeffata, ni deggera, akka tokkummaa keenya kan jajjabeessu fi madaala caalu itti kennu kanneen akka:

- Sagantaa English Namoota Gudguddaa Godaantotaa (Adult Migrant English Program) godaantotaa fi kanneen hayyaman namoomaatiin as seenan afaan English bu'uraa fi ogummaa qubsumaa kan gamtoomaa (socially) fi dinagdee hawaasa Australiyaa keessatti qooda isaan fudhachiisu akka baratan tumsuu.
- Duubbeen aadaa fi afaan isaanii osoo hin daangessin Australiyaanotni hundi akkaataa sagantaa Argata Aad-danummaa Mootummaa fi Imaammata Madaalawaadhaan (Government's Multicultural Access and Equity Policy) tajaajila fedhii isaanii guutu akka dhugoomuuf taasisuu.
- Akkaataan itti godaantotni haaraa as seenan lammummaa itti argatan kan guutummaatti fi gahaatti hawaasa keessatti isaan hirmaachisuuf hiree kennuuf tahuu.
- Mootummaan karaa radio, waraqaa maxxanee (print), sararaa internetaa fi television dhaan sab-qunnamtii jabaa aad-danuu adda addaa tumsuu.
- Guyyaan Wal marfannaa kan bara 1999 keessa hundeessame fi amma Australiyaanota kumootaan lakkayamaniiin wagga waggaan kabajamaa jiru, kan ergaa waldhuunfannaa, kabja fi keessatti of arguu (belonging) hundaaf tamsaasaa jiru tahuu.
- Gumiin Aad-danuu Australiyaa (Australian Multicultural Council) qaama furtuu gorsituu kan walaba tahee (independent) dhimmi kana jajjabeessuu fi mootummaas gorsu tahee kan dalagaa jiru.

Australiyaanotni wal marfataa fi waliin dagaagina keenya akka kennaatti hin fudhatan. Waliin akka nam-tokkeetti, gartuutti, fi sadarkaa mootummaa hundatti – qajeelfama tarsimoo kanaa gadii irratti hundoofnee hawaasa keenya jabaa, kan caalaatti walqabatee fi dagaage ijaarrachuu, gat-qabeessummaa waliin quoddannun gaggeessamuu itti fufna.

## **Haaraa qubattootni dinagdee fi gamtooma (social) keessatti akka hirmaatan jajjabeessuu**

Australiyaan godaantotni gamtoomaa fi dinagdee keenya keessatti gumaachuu isaaniitiin seenaa dureessa qabdi. Hawaasa keenya aad-danuu walqabataa keessattis hireen kun godaantota haaraanis akka milkaawina biyya keenyaa keessatti gumaachuuf hiree akka argatan har'as itti fufaa jira.

Dhamaateen hawaasni, manneen barmootaa, dhaabbilee namoomaa (non-profit organisations), dhaabbileen amantii, hojjechistootni, fi qaamotni mootummaa waliin

dhaabbatanii akka ummatni hawaasa Australia keessatti gumaachan hiree kennaniif.

Ummatni gara Australiyaatti godaane hiree kana barbaaddachuu yokan jirenya wayyaawaa jiraachuu keessatti qooda ni qabaata

Dinagdee fi gamtooma keessatti hirmaatuun godaantota haaraa fi maatii isaanii egeree isaaniitiifis akkaan barbaachisaa taha. Biyya isaanii haaraa keessatti kan ammataman tahuu fi akka qaama hawaasaa Australiyaatti itti dhagahamuufis keessatti of arguu fi hamilchiisuuf miira (feeling) gaarii keessatti uuma.

Mootummaan qindedeeessama hujji qubsumaa, shaakala gaarii bal'inaan fudhatamu, kan godaantota haaraan jirenya Australiyaa keessatti akka qooda fudhatan gargaaruuf qopheessame ni dhiheessa. Sagantaaleen qubsumaa akka godaantotni ofin of danda'an fi hawaasa Australiyaa keessatti gahaatti hirmaatan tumsa.

Kanneen haaraa qubatan hammi tokko, keessattuu kanneen sagantaa baqatummaa fi namoomaa Australiyaatiin dhufan, tumsa addaa kana irraa ni fayyadamu. Kunis afaan English barachuu fi ogummaa barmootaa fi dalagaa isaan barbaachisu argachuu isaan gargaaruu kan dabaluu dha. Kanneen hayyama sagantaa namoomaatiin seenan, keessattuu erga Australiyaa keessa qubataniin booda waggoota shanan itti aananiif, akka isaan jirenya ofii isaanii gadi dhaabbatanii fi of danda'anii, gahaatti qooda fudhatoota hawaasa keenyaa tahuu akka danda'anif mootummaan gargaaruu itti fufa. Mootummaan Australiyaa kanneen hayyama namoomaatiin as seenan tajaajila qubsumaa akkaataa afaan English itti fooyeffatan, baratan fi dalagaa argatan ilaachisee yeroo ammaa kana keessa deebi'ee ilaala jira.

## **Mishooma adda addummaa keenyaa fi fedhii biyya keenyaa dursuu**

Afaan English afaan biyyolessaa fi meeshaa godantotni ittiin madaqan barbaachisaa tahee jira, itti fufas. Kana faanas afaan hedduuminni keenya kan gulatnaa dagaagina humna homishaa babal'isu, kan addunyaa keessatti ittiin dorgomnu tahuutti nu boonsa.

Aadaa adda addaa qabaatuun keenya qabeenya guddaa nuti qabnu keessaa tokko kan tahe waa fooyessuu, uumuu fi barbaachisummaa jajbeessuu dha. Dinagdeen keenya hoggummaa, Beekumsa, dandeettii afaanii, wal hidhata (networks) fi waa uumuu danda'uu humna hojjetaa (workforce) keenyatiin jabaata. Homishni fi dorgommeen keenya dandeettii nuti hiree dinagdee idil addunyaa keessatti of arginutiin of dhugoomsa.

Kunis dandeettii godantota hedduu yeroodhaaf (temporary) hamma as jiraatanitti dinagdee fi hawaasummaa Australyaanotaa keessatti gumaachan kan dabaluu dha. Baay'een dhaabbatummaadhaan Australiyaa keessa yeroo qubatan, kaan yeroo gara biyya isaaniitti deebi'an yokan gara biyya birootti deeman aadaa, daldala fi hiree dinagdee keenyaa caalaatti jabeessan.

Mootummaan, daldalli fi hujeesni (industry) dantaa humna hujii gara garaa keenya of dura siqsuu fi ol guddisuu keessatti shora baay'ee qabaata.

## Hawaasa wal mararfataa fi walqabataa jabaa ijaarrachuu itti fufuu

Gati-qabeessummaan Australiyaanummaa walii qooddannu hundee jabaa dagaagina keenya, akkasumas walqabatiinsa gamtooma hawaasummaa keenyaat.

Aadaa dhaalmayaa keenya waliin qoddachuu kan maalummaa Australiyamummaa keenya ittiin kabajannuu fi hawaasni keenya keessatti of arguun itti dhagahamu, kan namni hundi wal gargaaru dha. Wal mararfatni hawaasaa tokkummaa biyyaa ijaara. Muuxanno wal fakkaataan seenaa wal irraa qoddatan uumee egeree waliin qooddatanis bifa itti tolcha.

Faallaan isaa qomoo balfatni fi qoodumsaan hawaasa keenya saphlisa. Namoota jibbinsa qomoo belbelchan ni balaaleffanna.

Waliin dubbachuu (dialogue) yeroo hundaa wal-gidduu amantii (inter-taith) fi wal-gidduu aadaa (inter-culture) wal mormii hawaasa gidduu xiqqeessuu kan danda'u fi walitti siqeenya fi wal mararfata qaban kan jabeessuu danda'u dha. Waliin dubbachuu akkasii kun wal moogessa (prejudice) hirisuuf kan gargaaru, aadaa qixa hundaa (cross-cultural) walii hubachuu kan ol guddisu, hariiroo qomoo fi gosoota amantii gidduu jiru kan wayyeessu fi afuura keessatti ammatamuu fi wal amantaa kan dhugoomsuu dha.

Duubbee aadaa, bakka dhalootaa yoken amantii malee hundumti Australiyaa keessaa yoken gara Australiyaa dhufaa jiran wal fudhachuu fi wal hubachuu, fi sanyi balfattummaa yoken jeequmsa hamtuu dura dhaabbachuuf gaafatama ni qaban.

## Xumura

Mootummaan Australiyaa wal dhaalan cichoomina jabaa aad-danummaa Australiyaa hundeessanii jiran. Cichoomina Mootummaa kana ibsa haaraan haareessuu fi irra deebi'anii dhugoomsuun: dhaamsa ifaa kan gati-qabeessummaa fi gaafatamummaa hawaasa keenyaaf hundee tahe, kan fedhii biyya keenya tumsuu fi akkaataa itti nuti rakkolee ittiin of irraa deebisnu nu qajeelchanii dha. Fuuldureen keenyas biyya aad-danuu jabaa fi milkaawaa akka tahuuf mul'isa jiru kan ibsu, amanamummaa nuti Australiyaaf qabnuu fi cichomina bilisummaa fi dagaaginaaf qabnus kan tokkoomsuu dha.

